Oromo People's Democratic Organization

Gamaaggama Raawwii KGT Bara 2003 fi Hoggansa DhDUO/ADWUI

Karoorri Guddinaafi Tiraansifoormeeshinii biyyi keenya bara 2003 hanga 2007tti, waggoota shaniif baafatte, hojii irra ooluu erga eegalee waggaa tokko ta'eera.

Waggaa jalqabaa raawwii karoora kanaatiin, bu'aalee jajjabeessoon hojiiwwan waggoota afran fulduratti nu eeggataniif bu'uura buusan galmaa'aniiru.

Naannoo keenyaatti, bu'aalee gama siyaasaan, misoomaafi hawaasummatiin yeroo waggaa jalqabaa raawwii karoorichaas ta'e, sana dura galmaa'aniif maddi isaa hoggansa demokraatawaa DhDUO/ADWUI ta'uun isaa ifatti kan beekamudha.

Kanas qabatamaan dhiyeessuuf, hojiiwwan dhaabbatummaafi geggeessaa raawwii karoora waggaa jalqabaa, 2003, KGT keessatti shoora murteessaa hoggansaa DhDUO/ADWUI taphate, hoggansa isaatiin hojiiwwan hojjetamaniin bu'aalee galmaa'an, deemsa kana keessattis, ciminootaafi hanqinoota mul'atan,… irratti gamaggama Koreen Giddugaleessaa DhDUO adeemsiseefi murtee kaa'ame kutaa jalqabaa akka kanatti aanutti qindeessineerra.

Maddi qophii keenyaas, ibsa Ob. Isheetuu Dassee, Miseensa Koree Giddugaleessaafi Hogganaa waajjira DhDUO Giddugaleessaa irraa arganneefi gabaasa dhabbatummaa raawwii hojii KGT waggaa jalqabaa walga'ii Koree Giddugaleessaa irratti dhiyaatee gamaggamni irratti adeemsifame keessaa kan fudhanne ta'a.

Gaaffiin jalqabaa Ob. Isheetuu Dasseef dhiyeessine, raawwiiwwan bara hojii 2002, qophii KGTtiif ka'umsadha jedhaman akkamiin ibsamu? kan jedhu ture.

Ob. Isheetuuins, gaaffii keenyaaf deebii kennuu kan jalqaban, "Akkuma beekamu, biyyi keenya osoo walira hinkutin waggoota saddettan darban keessa, keessattuu, hanga bara 2002tti guddina dinagdee 11% ol ta'u galmeessisuu dandeesseetti. Guddinni kunis, caalmaadhaan galmaa'uu kan danda'e raawwii karoora gama misooma baadiyyaatiini.

"Raawwii hojiifi bu'aalee galmaa'an kanaanis guddina galmaa'e kana irratti hundaa'uun, guddinni kun ciminaan yoo itti fufe, waggoota shanan dhufan keessatti guddina dinagdee yoo xiqaatee guddina kana dura galmeessine 11% itti fufsiisu, sadarkaa ol'aanaattimmoo guddina 14.5% ta'u galmeessuun akka danda'amu itti amanamee, hanga bara 2002tti kallattiiwwan qonnaa, daldalaa, industiriifi hawaasummaatiin, guddina argameen jabaachuun, muuxannoowwan deemsa kana keessa hortamanis qabachuufi babal'isuudhaan KGT baasuun hojiitti seenuun danda'ame" jechuudhaan ture.-

Gabaasa raawwii KGT bara 2003, walga'ii Koree Giddugaleessaa DhDUO irratti gamaggamaaf dhiyaate irrattis, akkaataa KGT itti qophaa'e ilaalchisuun akka ibsametti, karoorichi qophaa'uu isaa dura, qo'annoowwan haalota garaagaraa adeemsisuun, haala qabatamaa biyyaafi naannoo kaa'uudhaan, kaayyoofi galma ifa ta'es kaa'uun, hojiiwwan ijoofi tarreeffamaa adda ba'e karooricha keessa galchuun, sirna hordoffiifi deeggarsaa akkamii qabaachuun akka barbaachisu karooricha keessatti akka argisiifamaniif xiyyeeffannaan kennamee akka qophaa'u ta'eera.

Karoorri sadarkaa naannootti qophaa'u, sadarkaa Hojii Raawwachiiftuu, Koree Giddugaleessaa dhaabaafi kaabineetti mariin erga irratti adeemsifamee booda, karoorri hojiiwwan mootummaa adda ba'ee, gara mana maree naannootti ergamee ragga'eera.

Gama damee siyaasaatiin hojiiwwan karoorfaman, hojii keessoo dhaabaa cimsuu, ijaarsa sirna demokraatawaafi bulchiinsa gaarii ciminaan itti fufsiisuu, hojiiwwan siyaasaa gama damee dinagdeefi hawaasummaatiin hojjetamuu qaban, akkasumas, gama damee ijaarsaatiin, hoj-maataafi ijaarsota garaagaraa naannootti, hojjetamuu qaban guuttatee kan karoorfamedha.

Ob. Isheetuun dabaluun akka jedhanitti, bara 2003tti, naannoo Oromiyaatti, KGT waliigalatti ba'e keessaa, waggaa jalqabaa bara 2003tti kan raawwatamuu danda'an maal maali? Jedhamanii erga adda ba'anii booda, koroora waggichaa ta'uun, seektara hundaaf qoodame. Dhaabni keenyas, gama isaatiin hojjechuu kan qabu adda ba'ee, … akkasiin gara hojiitti seename.

Akkaataa kanaan, akka ibsa hogganaa kanaatti, bara 2003tti hojiin bal'inaafi xiyyeeffannaan hojjetamaa ture, hundaa ol humna raawwachiistummaa dhaabaa, mootummaafi ummataa cimsuu irratti kan xiyyeeffate ture.

Humna raawwachiisummaa cimsuu kana keessatti, hojii gama dhaabaatiin hojjetameen, leenjiiwwan gurguddaan gaggeessaa ol'aanoofi leenjiiwwan gaggabaaboo hoggantoota giddugaleessaafi geggeessitoota gandaa, kanatti aansees, leenjiiwwan miseensa bal'aatiif bal'inaan kennamaa turanidha.

Bara 2003tti hojiiwwan gurguddaa hojjetaman, hogganaan kun dabalataan wayita ibsan, "Itti aansuudhaan, maalummaafi faayidaa TMGB irratti, miseensota dhaaba keenyaa dabalatee, hoggantoota sadarkaan jiraniif, ogeessota misoomaaf, adda-dureewwaniifi qonnaan/horsiisee - bulaa maraaf leenjiin gochaan deeggarameefi humna raawwachiisummaa cimsu bal'inaan kennameera. Leenjiiwwan kennaman kunis, rakkoowwan ilaalchaa, dandeettii fi dhiyeessii TMGB hojiira olchuu keessatti nu qunnamaa turan salphisuun, hojii keenya gama hundaan milkeessuuf shoora guddaa kan qabu ture. Humna raawwachisummaa mootummaa cimsuufis hojiin hojjetame bal'aa ture" jedhaniiru.

Akka gabaasa walga'ii Koree Giddugaleessaaf dhiyaate irraa hubatamuttis, leenjiin olitti eerame hoggansa ol'aanoo fi giddugaleessaa 5,600f, hoggantoota giddugaleessaafi ogeessota naannootti leenjii hin-fudhanne 12,916f, akkasumas, hojjettoota misoomaa 16,822f, kennameera. TMGB keessatti iddoo ol'aanaa kan qaban, qonnaan/horsiisee-bultoota adda-dureewwan 1,130,123 (96.4%) fi qonnaan/horsiisee-bultoota maraa

2,556,882f (97%) duraafi duubaan bultii kudha shanii fi bultii torbaaf leenjiin gochaan deeggarame kennameera.

Leenjichi humna raawwachiisutummaa sadarkaa sadarkaan jiru cimsuudhaan raawwii karoora waggaa jalqabaa kan fiixa baasuu qofa osoo hin-taane, deemsa hojii waggoota afran fuuldura keenyaafis bu'uura kan buuseefi humna guddaa dandeettii qabu bal'inaan kan naannoof uume ta'uu dubbatu, Ob. Isheetuun.

Kanaan alattis, bara misoomaa 2003tti, hojiiwwan karooricha keessatti hammataman hedduun raawwatamuu isaa kan eeran Ob. Isheetuun, kanneenis wayita ibsan, "Gama misooma baadiyyaatiin, qonni keenya haala TMGBtiin akka adeemsifamu taasifamee jira. Qonnaan-bulaan, dandeettiifi beekumsa leenjicha irraa argateen, hojii bonaa irratti shaakala godhee, gara qonnaa gannaatti ce'ee, haala gaariin socho'uu danda'eera. Kana irraa ka'uun, hojiin hojjetameefi bu'aan argame jajjabeessaa akka ta'e dubbachuun ni dandaa'ama.

"Gama misooma magaalaatiinis, gama caasaa sirreessuufi rifoormiitiin leenjii bal'aan erga kennamee booda, hojiiwwan bulchiinsa lafaa, galiifi rifoormii daldalaa, bulchiinsa gaarii mirkaneessuu, … waliin wal qabatan irratti hojii bal'aan hojjetamee, naannoo magaalotaatti rakkoowwan kiraa sassaabdummaa waliin wal qabatanii turan sirreessuun kan itti jalqabameefi jalqabbiin kunis itti fufuun akka irra jiraatu kan nu agarsiisedha." Jedhaniiru.

Akkuma ibsa armaan olii keeessatti addeessame, gabaasa walga'ii Koree Giddugaleessaa DhDUO irratti dhiyaatee gamaggamame irrattis, magaalota naannoo Oromiyaa keessatti leenjiiwwan raawwachiisummaafi raawwattummaa karooricha hojii irra oolchuuf gargaaran xiyyeeffannaa guddaadhaan, gama leenjiftootaanis ta'e meeshaalee leenjiitiin qophii gaariin taasifamee, kallattii misooma magaalaatti, dhimmoota TMGB, tarsiimoo haaraa misooma IMX, Barnoota Teeknikaafi Ogummaa bu'a-qabeessummaa irratti xiyyeeffatefi Raawwii Paakeejota Misooma magaalaa jedhan irratti hoggantootni magaalaa 1,754, sadarkaa naannoottis, hoggantootni godinaaleefi seektaroota naannoo

leenjii fudhataniiru. Sadarkaa bulchiinsa magaalaattis, hoggantootni giddugaleessaafi gadii 17,312 leenji'uun isaanii, akkasumas, qorannoo leenjicha irratti adeemsifameen, hoggantootni amantaa ummataa dhaban 389 aangoo isaanii irraa akka ka'an, kanneen badii raawwatanis seeraan akka gaafataman murteeffamuun isaa kan dhiyaate wayita ta'u, dabalataanis, leenjichi waltajjiiwwan magaalota keessaa kanneen biroo irrattis itti fufee, miseensota waldaalee IMX 14,422 kan ta'aniif sochooftota IMX 72,182 (74%)tiif leenjiin kan kenname ta'uun argisiifameera.

Ob. Isheetuun dabalatanis, kan isaan itti fufiinsaan nutti himan irraa akka hubatamutti, hojiiwwan gama hawaasummaatiin raawwataman keessaa kanneen akka hojiiwwan gama fayyaafi barnootaatiin raawwatamanis, bu'aalee gaggaarii argamsiisaniiru. Caasalee bu'uura misoomaa diriirsuun walqabatees, sochiin daandii gandootaafi gandoota, daandii baadiyyaa daandiiwwan gurguddaan wal qabsiisuuf, akkasumas baadiyyaafi tajaajila bishaan dhugaatii ummataaf diriirsuuf jalqabame, qophii hojii bara kanaatiif cimina kan uumedha.

Hojiin bara 2003tti hojjetamaa ture, hojii karoora bara kanaa raawwachuu qofa osoo hintane, hojiiwwan keenya itti aanuufis, bu'uura kan ture ta'uu kan eeran hogganaan kun, "Raawwiin waggaa jalqabaa KGT olitti eerame, hojii waggoota afran fuuldura keenyaaf bu'uura cimaa kan kaa'eefi ga'umsa dandeettii raawwachiisummaa humnoota misoomaa sadeenii dhaaba, mootummaafi ummata bal'aa/ kan cimsedha.

"Humni misoomaa hojii misooma qonnaa keessatti bifa bittinnaa'een osoo hin-taane, sochii qonnaa keessatti raayyaa misoomaan gurmaa'ee, ijaaramee, qajeelfamaafi hoj-maata haaraadhaan, ijaarsa dhaabaa waliinis walitti qindoomee, humna waliif ta'ee, hojiitti seenee shaakkallii gaarii keessa darbuudhaan gara hojiitti akka seenu taasisuuf tattaaffii cimaan taasifamee, bu'aa gaariinis argamuu danda'eera." jedhu Ob. Isheetuun.

Sochiin bifa kanaan bara 2003tti leenjii booda raayyaadhaan jalqabame, yeroo shaakala hojii bonaas ta'e, bobba'insa hojii gannaatti, qophii irraa hanga hojiitti seenuutti bu'aa

jajjabeessaa kan argisiiseefi argisiisaa jiru ta'uu isaa afaan guutanii dubbachuun ni danda'ama.

Akka gabaasa gamaggamame irratti argisiifametti, TMGB hojii irra oolchaa,raayyaa misoomaatiin hojii gannaa irratti bobba'uuf qophii guddaan ta'ee, karoora dhugeeffannaa hawaasichaa argate kana hojii irra oolchuuf, jalqabatti hoggantoota 1,415 godinaafi aanaalee irraa baba'aniif, itti aanees yeroo isaa eeggatee, ijaarsota garaagaraa godinaa, aanaa, gandaafi gandaa gadi jiraniif orenteeshiniin hojii qonnaa gannaa kan kenname yommuu ta'u, qaawwa oomisha qonnaa yeroo arfaasaa mul'ate oomisha dabalataatiin guutuuf, bu'uura karoora bara 2003 keessatti qabametti, lafa hekt. 5,545,010 qotuudhaan, callaa kunt. Miil. 123.5 oomishuuf kan karoorfamee, raawwii irratti, lafti hekt. 5,781,782 (104%) qotamee, kana keessaa ammoo, lafa hekt. 5,057,338 (91%) irra sanyiin midhaan gosa garaagaraa facaafameera. Lafa biyyee gurraachaas, lafti hekt. 232,859 qotamee, kan qotame kana keessaa ammoo, lafa hekt. 87,782 irra sanyiin midhaan gosa garaagaraa "BBM" dhaan facaafameera.

Gama itti-fayyadama xaa'ootiin, rakkowwan ilaalcha guddina oomishaafi oomishtummaa yaadamu irratti dhiibbaa fiduu kan danda'u, sakatta'anii adda baasuun kan hojetamaa tureefi gara fuula duraattis hubannoo qabsiisuuf ciminaan hojjetamuu akka qabu gamanumaa kan akeekkachiisu ta'uu gabaasichi jala muree kaa'eera. Xaa'oon waligalaa qonnaan bulaaf dhiyatee kunt. Miliyoona 2.2 yoo ta'u, kana keessaa kunt. Miliyoona 1.9 ta'u qonnaan bulaan harkaafi harkatti bitachuun itti fayyadameera.

Gamaggama Koreen Giddugaleessaa raawwii KGT bara 2003 irratti adeemsiseen, caalmaatti, bu'aa gaariin argamuun isaa kan ilaalame yommuu ta'u, hanqinootni mul'atanis, qorannon adda bahaniiru.

Kana ilaalchisuunis, "Rawwii karoora bara 2003 irraa caalmaadhaan bu'aa gammachiisaan galmaa'eera. Cimina gamaggama kanaan mul'ateen dagachuudhaan osoo hojiitti hin-dhibaayin, cimina argame cimina dabalataan gabbisaa, hanqinoota maqsaa deemuun haala itti danda'amu irratti, walga'iin Koree Giddugaleessaa DhDUO murtee

ejjannoo tokkoon hojii bara 2004 keessatti, dhimma kana irratti akkaataa xiyyeeffannaan kennamee irratti hojjetamuu qabu ilaalchisuun kallattii kaa'eera." Jedhaniiru hogganaan kun.

Akka ibsa nuuf kenname kanatti, hojiin waliin geggeessummaa gaariin akka jirutti ta'ee, geggeessaan keenya sadarkaa akkamii irratti akka argamu, qulqullina ilaalchatin, dandeetti hoggansafi dhiyeessin gadi fageenyaan ilaalameera. Gamaggama bal'aa adeemsifame kanaanis, dhaabni keenya gaggeessitoota muraasa sababa hanqinoota adda addaa qabaniin, geggeessummaan itti fufuu hin-dandeenye irratti tarkaanfii sirreessaa fudhateera.

Haaluma kanaan jedhu Ob. Isheetuun, "Koree Giddugaleessaa DhDUO keessaa, hanqinoota naamusaa, kiraa-sassaabdummaafi dirqama kennameef ba'uu dadhabuu waliin haala wal qabatuun, namootni hanqina akka qaban kan irratti mirkana'ee,

1- Jallee Qana'aa Yaadataa, Bulchaa godina Wallagga-Bahaa kan turan,

2- Jallee Yohaannis Mitikkuu, Bulchaa godina Shawaa-Lixaa kan turan, yeroo ammaa miseensa Mana Maree Bakka-bu'oota ummataa

3- Jallee Muusxafaa Abbaa-Simal, Bulchaa godina Jimmaa kan turan,

4- Jallee Galaanaa Nuurasaa,Bulchaa godina Addaa Oromiyaa Naannoo Finfinnee kan turaniifi boodas bulchummaan gara Shawaa-Lixaatti kan jijjiiraman

5- Jallee Ahmad Abbaa-Gissaa Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa kan turaniifi yeroo ammaa miseensa Mana Maree Bakka-Bu'oota Ummataafi De'eetaa Ministeera Haqaa ta'uun hojjetaa kan jiran,

6- Jallee Xayibaa Hasan Itti-Gaafatamtuu Biiroo Dhimma Daa'immaniifi Dubartootaa Oromiyaa kan turan

Miseensummaa Koree Giddugaleessaa irraa dhorkamuun, yaa'ii dhabbatummaa itti-aanuuf akka dhiyaatan murtaa'eera.

Miseensota Koree Giddugaleessaa kan ta'an:-

1- Jallee Fiqaaduu Tasammaa Hogganaa Biiroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa,

2- Jallee Dammituu Hambisaa Aaf-Yaa'ii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa, of-eeggannoon dhumaa barreeffamaan akka kennamuuf, akkasumas Jallee Abbaaduulaa Gammadaa miseensummaa Koree Hojii Raawwachiiftu ADWUIfi DhDUO irraa gara miseensa Koree Giddugaleessaa dhaabaatti gadi bu'un akka hojjetan murtaa'eera.

Kana irraa ka'uudhaan, dhaabni keenya gochoota seeraan alaa akka kiraa-sassaabdummaafi hanqinoota ga'umsa raawwachiisummaa hir'isaniif araarama kan hin-qabine, dhaaba qulqullina isaa eegee deemuuf yoomiyyuu caalaa of qopheesse, qulqullinni isaa kunis, akkaataa ilaalcha warraaqsa demokraasiitti daraan cimee akka itti fufuuf kan hojjetudha.

Ejjannoo cimaafi qulqullinni ilaalchaa isaa kunis, gara miseensa bal'aatti diriirfamee, amaanaa hoggansa demokraatawaa ummatni isa irra kaa'eefi KGT raawwiin isaa jalqabame hogganee, milkaa'inaan galmaan ga'uuf ergama seenaa waadaa galee fudhateefi aantummaa ummatummaa qabuun dhaaba kutannoon socho'aa jiraachuu isaa qabatamaan argisiisuu irratti argamudha.